

AKKAMITTI KOPPIIWWAN GALMEE FI MIRKANEESSA RAAGA GAAFACHUUN AKKA DANDA'AMU

HUBACHIISA: Yoo daldala galmeessitan fi dhiheenya kana galmee toora interneetii irratti erga xumurtanii booda koppii galmee sanaa karaa imeelii hin arganne ta'e, akkaawuntii toora interneetii keessanitti seenuudhaan gara seenaa daldala keessanii deemuun koppii galmee sanaa buufachuu dandeessu.

Kaffaltiin kan ajaja mara iyyuu as irraa argachuu dandeessu

<https://www.sos.state.mn.us/business-liens/business-forms-fees/business-filing-certification-fee-schedule/>

Akkaataa Koppiiwwanii fi Ragaawwan karaa Toora Interneetiin Ajajnu:

Koppiiwwanii fi Ragaaleen karaa elektirooniksii ni deebifamu. Ragaaleen battalumaan kaffaltii irratti hundaa'uun kan kennaman yoo ta'u, ajajni koppii tokko tokko guyyoota 7 hanga 10 fudhachuu danda'u.

- 1) Jalqabuuf gara fuula '**Business Filings Online**'
<https://mblsportal.sos.state.mn.us/Business/Search> jedhu deemaa.
- 2) **Galmee kan daldalaa barbaaduu:** Kuusaa daataa beezii keenya toora interneetii irratti kutaa "Search Business Filings" jedhu jalatti argachuu dandeessu. Maqaa daldalaa fayyadamuun ykn lakkoofsa faayila waajjira keenyaan kennameen barbaaduu dandeessu. Yoo lakkoofsa faayilaatiin barbaaduu feetan lakkoofsa galchuu dura jechoota "File Number" jedhan cuqaasuu keessan mirkaneessaa.

HUBACHIISA: Yeroo maqaa daldalaatiin barbaaddanitti mallattoon sirna tuqaalee (punctuation) maqaa daldalaa keessatti hin barbaachisu.

- 3) **Meeshaalee Dabalataa:** Sanduuqa barbaacha jalatti meeshaaleen barbaacha dabalataa galmee daldalaa sirna keenya keessatti argachuuf itti fayyadamuu dandeessan tokko tokko jiru:
 - a) **Daangaa Barbaacha:** Yoo "Begins With" filattan barbaacha galmeewwan daldalaa jechoota isin galchitan sanaan jalqaban ni argattu. Yoo "Contains" filattan ammo barbaacha galmeewwan daldalaa jechoota isin galchitan of keessaa qaban mara ni argattu.
 - b) **Haala Galmee:** Yoo "Active" filattan, barbaacha galmeewwan daldalaa sochiirra jiran qofa maqaa ykn lakkoofsa faayila galfameetiin argattu. Yoo "Inactive" filattan, ammo barbaacha galmeewwan daldalaa hin sochoone qofa maqaa ykn lakkoofsa faayila galfameetiin argattu.

Maqaa kan Duraa Dabalachuu: Yoo “Exclude” filattan, barbaacha galmee daldalaa kamiyyuu maqaa sirrii galchitaniin ni argattu. Yoo “Include” filattan ammo, barbaacha galmee daldalaa kamiyyuu kan kanaan dura waajjira keenyatti galmaa’e maqaa galfame fayyadamuun ni argattu. Barbaacha “Maqaa kan Duraa Dabalchuu” kan jedhu kun yeroo dhaabbata maqaa daldala isaa jijjiire barbaadanitti baay’iseetu gargaara.

- 4) **Gara ‘Business Record Details’ deemaa:** Galmee daldalaa barbaaddan erga argattaniin booda jecha "Details" jedhu gara harka mirgaa iskiriinichaatiin cuqaasaa.
- 5) **Koppiiwwan Ajajuu:** Sanduuqa “Order Copies” jedhu kan fuula gara oliitti argamu argamu cuqaasuun gara “Filing History” tti isin qajeelcha. Galmeewwan adda addaan tarreeffamanii jiru. Galmee(wwan) kam ajajuu akka barbaaddanii fi sanduuqa sanada walgitu cina jiru mallatteessaa. Erga galmee kam ajajuu akka barbaaddan filattaniin booda saanduuqa “Order Selected Copies” jedhu cuqaasuu dandeessu.
- 6) **Koppiiwwan Mirkanaa'an ykn Hin Mirkanoofta Filadhaa:** Sana booda Koppii Mirkanaa'e ykn Koppii Hin Mirkanoofta akka filattan isin gaafata. Koppiin Mirkanaa'e fuula dabalataa chaappaa mirkaneessaa sanada(wwan) dhugaa ta'uu isaanii ibsu fi koppiiwwan guutuu ta'e akka waajjira keessatti galmeessuuf galmaa'etti of keessatti qabata.

Hubachiisa: Sanadoonni mata duree “Original Filing” jedhaman galmeewwan yeroo daldalli kun jalqaba waajjira keenyatti galmaa'ee dhiyaataniidha. Fakkeenya: Korporeeshinii MN tokkoof koppii Ragaa fi Keewwata Dhaabbataa, Maqaa Fudhatameef koppii Ragaa Maqaa Fudhatamee fi kkf ta'a.

- 7) **Odeeffannoo Geejibuu:** Teessoo imeelii bakka koppiiwwan akka itti geejjibsiifaman barbaaddanitti galchaa. Ajajni koppii toora interneetii martinuu karaa elektirooniksii teessoo imeelii iskiriinii kana irratti tarreessitan irratti deebi'a. Ajajni koppiiwwan tokko tokko guyyoota 7 hanga 10 fudhachuu danda'a.

Ragaan Ejjennoo Hojii Gaarii Maali?

Ragaa Hojii Gaarii jechuun qaamni daldalaa tokko naannoo irraa bahe keessatti daldala hojjechuuf galmee irratti galmaa'ee yeroo ammaa dammaqinaan hojjechaa jiraachuu isaa raga agarsiisu dha; yeroo hayyamaatti.

Waraqaa Ragaa Haala Toora Interneetii Ajajuuf:

1. **Tarkaanfiiwwan 1-4 armaan olitti tarreeffaman hordofaa.**
2. **Iskiriinii ibsa daldalaa irraa "Order Certificate" filadhaa:** Yeroo tokko iskiriinii Ibsa Galmee Daldalaa irratti batanii 'Order Certificate' jedhu (kan naannoo fuula gara olii irratti) cuqaasaa.
3. **Odeeffannoo Geejibuu:** Ragaaleen ejjennoo hojii gaarii martinuu kaffaltiin erga raawwatameen booda daqiiqaa 10-15 keessatti kallattiidhaan gara teessoo imeelii fuula kana irratti isin galchitanitti iimeeliidhaan ni ergama.

4. **"Ok" cuqaasuudhaan foddaa kan 'pop-up' cufaa.**
5. **Ajaja xumuruuf "Submit" kan jedhu cuqaasaa.**
6. **Lakkoofsa kan Ajaja Keessanii Galmeessaa:** Lakkoofsa Ajaja kanneen fuula Mirkaneessa Ajaja irratti tarreeffaman barreessaa ykn maxxansaa. Kunis waajjirri keenya dhimmi yoo jiraate Ajaja sana barbaaduuf itti fayyadamuu ni danda'a.
7. **Kaffaltii Itti Fufaa:** Fuula USBaankii irratti yeroo tokko erga argamtaniin booda USBaankii keessatti herrega tajaajila elektirooniksii hundeessuuf filannoo ni qabaattu. Herreegni tajaajila elektirooniksii USBaank odeeffannoo kaardii liqii keessanii daldala gara fuula duraatiif ni kuusa.
8. **"Pay without Registering" filadhaa:** Galmee tajaajila elektirooniksii USBaankii "Pay Without Registering" kan jedhu cuqaasuun bira darbuu dandeessu. Kunis kaffaltii kan yeroo tokkoo kaardii liqii keessaniitiin akka adeemsifan isin dandeessisa.
9. **Adeemsa kaffaltii xumuruu:** Saayitiin USBaank Visa, Mastercard, Discover ykn American Express ni fudhata.
10. **Imeelii Lama Ilaaluu:** Kaffaltiin erga xumurameen booda imeelii lamatu isiniif dhufa. Iimeeliin tokko imeeli mirkaneessa kaffaltii USBaankii irraa yoo ta'u, imeeliin inni tokko ammoo beeksisa waajjira keenya irraa yeroo ajajni adeemsifame ta'a.
11. **Waraqaa Ragaa keessan buufadhaa:** Koppii ragaa sanaa buufachuuf linkii imeelii keessa jiru cuqaasuu qabdu. **Linkiin kun guyyoota 90 qofaaf hojiirra oola.** Waraqaan ragaa kun mata duree "Data Report" jedhu kan qabu yoo ta'u, fuula marsariitii sanaa irratti linkichi gara 'PDF Format' jedhutti kan isin fidu ta'a.

Koppii fi Waraqaa Ragaa Poostaadhaan Ajajuuf:

Gaaffii barreeffamaa dhiyeessu ykn Unka koppii/Mirkaneessaa Dhaabbataa fayyadamuu kan ta'uu danda'u asitti argamu <https://www.sos.state.mn.us/media/2981/certificatecopyrequest.pdf> kaffaltii barbaachisaa ta'een teessoo armaan gadii irratti ta'a.

Minnesota Secretary of State
First National Bank Building
332 Minnesota Street, Suite N20
Saint Paul, MN 55101

Cheekii ykn maallaqa ajajuun akka kaffalamu taasisaa: Sekretarii Isteeta Minnesota dhaaf.